**DOI:** https://doi.org/10.20372/jdq.v1i1.749
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dil. Qor.,** *Amaj. -Onk.* **2023, 1(1), 34-51**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Xiinxala Haala Dhiyaatina Asoosama Dhangala'aa Oromoo: Shaakala Baruu-Barsiisuu Yuunivarsiitiiwwan Itoophiyaa Filataman

Fiqaaduu Qana'aa[1*], Tashoomee Egeree[2*]

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Kaayyoon bu'uuraa qorannoo kanaa dhiyaatina asoosama dhangala'aa keessatti shaakala baruu-barsiisuu yuniversiitiiwwan Itoophiyaa filataman keessatti qabatamaan hojii irra jiru xiinxaluudha. Qorannichi yunivarsiitiiwwan Addis Ababaa, Haramaayaafi Madda Walaabuutti bara barnootaa 2019/20 geggeeffame. Qorannichaaf mala makaatti dhimma bahuun ragaaleen meeshaalee ammamtaafi akkamtaan funaanamanii jiru. Ragaaleen funaanaman tooftaa xiinxala ragaa makaa gargaaramuun xiinxalameera. Argannoon xiinxala ragaa akka mul'isetti, barsiisonni haala dhiyaatina ogbarruu madaqsanii koorsii asoosama dhangala'aa ittiin barsiisuu irratti daran laafoodha. Dabalataanis, gochaalee adda addaa haala dhiyaatina asoosamaa faana deemuu danda'an qindeessuun daree keessatti barattoota faana dalaguu irratti laafoo akka tahan ragaan xiinxalame agarsiisee jira. Gama biraan, tooftaalee madaallii amala koorsii asoosamaa faana deemuu danda'an gargaaramuun beekumsa barattootaa addaan baasuufi gargaaruu irratti hojiin barsiisonni asoosamaa qabatamaan hojjetaa jiran gadi aanaa ta'ee argame. Argannoowwan kana irratti hundaa'uun, shaakalli baruu-barsiisuu asoosama dhangala'aa yunivarsiitiiwwan keessatti adeemsifamaa jiru, haala dhiyaatina ogbarruu mijaa'aa ta'e kan hinhordofne, gochaaleen daree barnoota asoosamaa keessatti qabatamaan dhiyaataa jiran kan haala dhiyaatinaa faana hindeemne akka tahe hubachuun danda'ameera. Dabalataanis, tooftaaleen madaallii barsiisonni asoosamaa dhimma itti bahaa jiran amala koorsichaa giddu-galeessa kan hingodhanne tahuu cuunfuiun nidanda'ama. Baruu-barsiisuu asoosama dhangala'aa Oromoo yunivarsiitiiwwan keessatti hojiirra jiru, amayyeessuun haala dhiyaatina ogbarruu mijataa ta'e madaqsanii gargaaramuun, barattoonni akka xiinxaltoota, qeeqxotaafi barreessitoota cimoo tahan gochuun kaayyoo barnoota ogbarruu ta'uu hubachuu barbaachisaadha.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 05-02-2023
Revised 20-08-2023
Accepted: 28-09-2023

**Jechoota Ijoo:**
*asoosama dhangala'aa, dhiyaatina, gochaalee, madaqsu*

*Qorataa Muummee: *Fiqaaduu Qana'aa*

*E-mail: fekadukena@gmail.com*

Copyright@2023 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

## SEENSA

Ogbarruu baruu-barsiisuun bu’aa qorannootiin deggeramee guddataafi babal’ataa har’a gahee jira. Fedhii namoonni ogbarruu barachuuf qabaniifi faayidaan barnoonni ogbarruu qabus qoratamaa, gabbataafi jijjiiramaa dhufe (Duff fi Maley, 1990).

Passmore (1980) akka barreessetti, barnoonni ogbarruu barattoonni waa’ee hawaasa keessa jiraatanii, miira hawaasa keessa jiraataniifi miira nama dhuunfaa hubachuuf isaan gargaara. Dabalataanis, barnoota daree irra darbanii muuxannoo naannoo isaanii jiru, akkasumas qabatamaan addunyaa keessa jiraatan akka hubatan isaan gargaara. Rakkinaafi qannoo hawaasa keessatti gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeen mul’atu barattoonni akka habataniifi xiinxalan taasisa.

Haala qabatamaa biyya Itoophiyaatti, baruu-barsiisuun ogbarruu Oromoo seenaa bara dheeraa hinqabu. Hacuccaa mootota dhufaa darbaa biyyattii bulchaa turaniin ogbarruun barreeffamaa Oromoos seenaa bara dheeraa hinqabu. (Asafa, 2009). Imaammanni afaanii Itoophiyaan hordofaa turte ogbarruufi Afaan Oromoo barsiisuuf carraa kankenne hinturre (Makuriyaa, 1997).

Ogbarruun Oromoo haala seera qabeessa taheen eeyyamamee barsiifamuu kan eegale kufaatii mootummaa dargii booda ture. Kufaatii dargii booda bara 1991 sabaafi sablammoonni dhimma ofii irratti ofiin murteeffachuu eegalan. Dhimmi eenyummaa, aadaa, seenaafi afaanii dhimma ofiin ofbulchuu ta'e. Kanaafuu, dhimmi afaanii, dhimma saba afaan sana dubbatuu ta'ee labsame (baafata chaartarii yeroo ce'umsaa, 1983). Haaluma kanaan Ministeerri Barnootaa Hagayya 29 bara 1991 barnoota idilee afaanota sabaafi sablammootaan kennuuf qorannoo dhiyeesse. Argannoowwan qorannoo kunis murtee siyaasaa gonfachuun hojiirra oole. Qabiyyeen sirna barnootaa haalota dinagdeefi hawaasummaa naannoo sanaatiin walfakkaachuu akka qabu taasise. Qabiyyeen silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa aadaafi safuu uummatichaan kan walqabate ta'uu akka qabu seeraan mirkanaa’ee tumame. Bu’uura kanaan ogbarruun Oromoofi baruu-barsiisuun Afaan Oromoo gara boqonnaa haaraatti ce’e. Yeroo ammaatti yunivarsiitiiwwan biyyattii 15 ol keessatti Afaan Oromoofi ogbarruun barsiifamaa jira. Garuu adeemsa baruu-barsiisuu ogbarruu Oromoo irratti qorannoon adeemsifame bal’inaan hinmul’atu. Kun immoo akka baruu-barsiisuun ogbarruu Oromoo ammayyaa’aafi bu’aa qorannoon deggeramaa hindeemne taasisa. Kanaaf, kaayyoon qorannoo kanaa qaawwa gama kanaan jiru guutuudha. Haaluma kanaan, adeemsa baruu-barsiisuu ogbarruu Oromoo bu’aa qorannootiin dabaaluun cimsaa deemuun murteessaa tahee argameera. Kana irraa ka’uun haala dhiyaatinaa ogbarruu barsiisonni yunivarsiitii madaqsanii koorsii asoosama dhangala’aa kallattiin hojii irratti xiinxaluu xiyyeeffate. Haaluma kanaan qorannichi gaaffilee bu’uuraa armaan gadii deebisee jira:

1. Haala dhiyaatinaa ogbarruu garaagaraa madaqsanii barsiisonni daree barnoota asoosamaatti hagam dhimma ba’aa jiru?
2. Gochaalee haala dhiyaatina ogbarruu waliin deeman qindeessuun daree barnoota asoosamaa keessatti barsiisonni hagam hojiirra oolchaa jiru?

3. Tooftaalee madaallii koorsii asoosamaaf mijataa ta’e barsiisonni hagam dhimma itti ba’uun beekumsa barattootaa adda baasu?

## SAKATTA’A BARRUU

### Ogbarruu Baruu-barsiisuu

Yaadiddamni afaan barsiisuufi afaan barachuu jijjiramaafi guddataa sadarkaa amma irra jiru gahe. Hayyoonni xiinqooqaa, xiinsammuu, barnootaa, siyaasaafi falaasamaa jijjiiramaa dhufuu adeemsa afaan barsiisuu keessatti gahee guddaa taphatanii akka jiran ibsama (Hall fi Cook, 2012). Fedhii namoonni ogbarruu barachuuf qabaniifi faayidaan barnoonni ogbarruu qabu yeroodhaa yerootti qoratamaa, gabbataafi jijjiiramaa dhufe (Duff fi Maley, 1990).

Yaada hayyootaa irraa akka hubatamutti, ogbarruun meeshaa qabatamaa, aadaafi afaaniin kan badhaadhe, akkasumas hirmaannaa dhuunfaa namootaa kan hammate waan ta’eef bu’aa/jijjiirama sammuu qabatamaa barattoota kan badhaasudha (Lazar, 1993). Passmore (1980) akka barreessetti, barnoonni ogbarruu barattoonni waa’ee hawaasa keessa jiraatanii, miira hawaasa keessa jiraatanii, nama dhuunfaa miira isaa akka hubatan gargaara. Dabalataanis, yaad-sammuu namootaa, barnoota daree irra darbanii muuxannoo naannoo isaanii jiruu fi qabatamaan addunyaa akka hubatan isaan gargaara. Rakkinaafi qannoo hawaasa keessatti mul’atu barattoonni akka habataniifi xiinxalan taasisa.

Breanna (2015); Lazar (1993); Beach fi kanneen biroo (2011) akka barreessanitti, ogbarruun akka barattoonni ilaalcha addunyaawaa qabaatan, beekumsa gadifageenyaan yaaduu horatan, xiinxaltootaafi barreessitoota ciccimoo tahaniif daran gargaara. Beekumsawwan kanneen horachiisuun kan kandanda’amu immoo, dhiyaatina barnoota ogbarruu garaagaraatti dhimma bahuun akka tahe ibsu.

### Dayeessa Qorannichaa (Coceptual framework)

### Dhiyaatina Odeeffannoo Bu’uureffate

Carter (1988) akka hubatutti, dhiyeessi odeeffannoo beekumsa waa’ee ogbarruu barsiisuufi ogbarruun madda odeeffannoo barattootaaf tahedha. Kanaaf, malli baruu-barsiisuu dhiyaatina kana jalatti gargaaraman mala barsiisaa giddu-galeessa taasifatedha. Lazar (1993) akka barreessitetti, ogbarruu qabiyyee irratti xiyyeeffachuun barsiisuun akka barattoonni: seenaafi sochiiwwan dagaagina ogbarruu gama aadaa, hawaasummaa, siyaasaafi seenduubee hawaasaa barruu keessatti dhiyaate hubatan taasisuu xiyyeeffata. Kun immoo, ciicata olaanaa qabaachuu waan gaafatuuf barsiisaan gahee olaanaa qaba jechuudha. Gochaaleen dhiyaatina kana jalatti qindaa’anis mala odibsaa, ibsuu, qabsiisa dubbisuufi qeeqa barruu tokko irratti kenname yookiin barsiisaan dhiyeessuun deggeramuun dhiyeessuu barbaachisaadha. Gochaaleen akkanaa yeroo hedduu waanta qabatamaafi qormaataan madaaluudha (Carter fi McRae, 1996).

### Dhiyaatinaa Yaad-deebii Dhuunfaa

Xiyyeeffannaan dhiyaatina kanaa barattoonni barruu dubbisan irratti yaada akka kennan kallattii agarsiisuudha. Rosli (1995) dhimmi duuba dhiyaatina kanaa jiru, barattoota onnachiisuufi jajjabeessuun barruu dubbisan tokko jiruufi jireenya guyyuu ofii faana walqabsiisaa hubatan taasisuudha. Isa kanas, dhimmoota barruu keessaa hubatan kan ofiifi naannoo isaanii

faana walitti-fiduun akka xiinxalan, muuxannoo ofiin walqabsiisaa dhaamsa barruu akka hubatan jajjabeessuutu raawwatamuu qaba. Hirvela (1996) yaada kennuun kandhuunfaati; kanaaf, xiyyeeffannaan dhageettiifi yaada dhuunfaa waa'ee barruu kalaqaa barattoonni kennan tahuu qaba. Dhiyaatina kana keessatti gochaaleen qindaa'an: gaaffiifi mariidha (Rosli, 1995). Gochaalee hiika uumaa barbaadan, yaada burqisiisuufi fedha ofii barruu irratti calaqqisiifachuu dandeessisan, sissi'eessituu, wantoota bashannansiisaa barsiisan xiyyeeffachuu barbaachisa (Hirvela, 1996). Malli baruu barsiisuu dhiyaatina kanaaf mijaa'an: marii garee namoota muraasaa, barattoota keeyyattoota gaggabaaboofi joornaalota barreessisiisuu qajeelchuu gargaaramuudha (Lazar, 1993).

**Dhiyaatina Afaanii**

Xiyyeeffannaan dhiyaatinni afaanii inni olaanaan, hidhata yookiin walitti-dhufeenya afaaniifi ogbarruu gidduu jirudha. Carter (1988) akka ibsutti, dhiyaatina kana keessatti barattoonni akkaataa itti-fayyadama afaan barruu ogbarruu tokkoo akka xiyyeeffatan taasisa. Lazar (1993) akka ibsitetti, dhiyaatina afaanii kana keessatti ogbarruun akka meeshaa shaakala afaaniitti fudhatama. Kanaaf, barruu dubbisan keessaa gochaalee ciccimoo afaan ittiin shaakalan barattootaaf dhiyeessuu xiyyeeffata. Ogbarruun akka madda odeeffannoofi wantoota dhugaa gabaasuu osoo hintaane, afaan ittiin shaakaluuf dhiyaata jechuun barreessitee jirti. Dhiyaatinni kun mala barataa giddu-galeessa godhate gargaarama. Gochaaleen dhiyaatina kana keessatti qindaa'an: tilmaamuu kandandeessisan, wantoota sadarkeessuu, bar-taphee adda addaa, walaloo barreessuu shaakaluu, waliin dubbii bal'aa, walfalmiifi marii gargaaramuun daree barnootaa keessatti afaan shaakalsiisuu bu'uureffata (Rosli, 1995; Carter, 1996).

**Dhiyaatina yaada ofiin ibsuu**

Xiyyeeffannaan haala dhiyaatina kanaa hiika barruu irra keessaati. Barsiisaan dhiyaatina kanatti dhimma bahu, seenessa tokko irra deebi'ee jechoota mataa isaan barreessuu yookiin yaada ofiin gabaabsee ibsuu danda'a. Yoo barbaade gara afaan biraattis jijjiiruuf mirga qaba. Rosli (1996) dhiyaatinni kun jalqabdoota afaan maddaatiif murteessaa tahuu barreesse. Sababni isaas, yaada barreessaa akka ofii hubatanitti ibsuu waan taheef, faayidaan dhiyaatinni kun barattoota jalqabdoota afaan maddaaf qabu olaanaadha. Gochaaleen mala kana jalatti qindaa'anis, barsiisaan seenaa barruu dubbiseefi barattoonni dubbisan irra deebi'ee afaan salphaa gargaaramuun daree keessatti himuu, qabsiisa barattootaaf kennuu, afaan maddaatti jijjiiruufaa dabalata.

**Dhiyaatinaa Falaasama Hamilee**

Xiyyeeffannaan barnoota ogbarruu inni biroon sona hawaasaa barsiisuudha. Dhiyaatina kana keessatti sonawwan hawaasaa barruu keessaa addaan baasaa dubbisuu xiyyeeffata. Barattoonnis tahe barsiisonni hubannoo sona hawaasaa horachuun murteessaadha. Barsiisaan sonaalee hawaasaa barruu dubbise keessaa barattootaaf ibsuun barattoonni barruu kalaqaa dubbisan keessatti xiyyeeffannaa akka kennan taasisuudha. Haaluma kanaan, barattoonni barruu dubbisan keessaa calaqqee akka kennan jajjabeessuudha. Akka Rosli (1995) ibsetti, dhiyaatinni kun sonawwaniifi falaasamoota barruu tokko keessa jiran hubachiisuuf gargaara. Gochaaleen dhiyaatina kana jalatti


qindaa’an, barnoota ogbarruu boodatti sonawwan dabaluu, daree calaqqee yaadaa qindeessuu, barrattoonni yeroo dubbisan sonaalee hawaasaa akka hubataa dubbisan taasisuu, waan dubbisanii hubatan irraa ka’uun maal gochuu akka qabaniifi hinqabne akka himan jajjabeessuudha (Parwathy, 2004).

**Dhiyaatina Akkaatummaa**

Dhiyaatina kana keessatti barattoonni xiinxala qeeqa xiinqooqaa gargaaramuun itti-dhiyeenyaan barruu dubbisan akka hiikaniifi dinqisiifatan isaan taasisa (Lazar, 2093). Kana jechuun, barattoonni akka caasaafi unka barruu tokkoo xiinxalan taasisa. Xiinxala kana irraa ka’uun ergaa barruun dubbistootaaf dabarsu hubatu.

Lazar (1993) akka ibsitetti, dhiyaatinni akkaatummaa kaayyoowwan lama qaba; kaayyoon jalqabaa barattoonni hiika bu’a qabeessa tahe barruu kalaqaa tokkoof kennan gargaara. Kaayyoon kun barattoonni hiika barruu dubbisanii isa kallattiin mul’atu irra darbanii akka hiikan taasisa. Kaayyoon lammaffaa, beekumsaafi hubannoo afaanii bal’aa akka horataniif barattoota gargaara (Lazar, 1993). Gochaaleen dhiyaatina kana jalatti qindaa’uu qaban: barattoonni barruu dubbisan ija amaloota xiinqooqaan xiinxaluu, caasaalee afaanii barruu akka hubatan taasisan, hiikaafi ergaa barruu tokkoo hubachiisuu kandanda’an hafee adda addaa gargaaramuudha (Carter, 1996). Bu’uuruma kanaan deemsa baruu-barsiisuu asoosama dhangala’aa Oromoo yuniversiitiiwwan filataman keessatti hojiirra oolaa jiru, barsiisonni haala dhiyaatinaa ogbarruu kanneen hagam madaqsanii akka dhimma bahaa jiraniifi tooftaalee madaallii koorsichaaf mijataa hagam akka hojiirra oolchaa jiran xiinxaluun murteessaa tahee argameera. Kunis, beekumsawwaniifi muuxannoowwan haarawaa baruu-barsiisuu ogbarruu Oromoo tumsan addaan baasuufi dhimma itti bahuuf daandii saaqa.

**Fakkii 1: Haala dhiyaatina Ogbarruu**




*Adapted from Malin Oshaug Stavik (2015) and Beach & et.al (2011).*


**Mala Qorannichaa**

Qorannoon kun qorannoo sakatta'a ibsaati. Qorannichi mala makaa (mixed research design) gargaaramuun geggeeffame. Malli makaa adeemsa ragaa funaanuufi qaccessuu hammamtaafi akkamtaa qorannoo tokkicha keessatti dhimma bahuuf gargaara. Kun immoo, rakkoo qorannichaa gadi-fageenyaan hubachiisuuf daran gargaara (Creswell fi Clark 2012). Xiyyeeffannaan mala makaa ragaa mala tokkoon argame, mala biraan tumsuun rakkoo qorannichaa dubbistoonni daran akka hubatan taasisuuf gargaaruudha (Creswell, 2012).

**Saxaxa Qorannichaa**

Qorannoo kanaaf mala makaan ittiin qindaa'u keessaa saxaxa makaa walfaanaa (convergent parallel design) dhimma itti bahame. Saxaxni kun ragaaleen mala ammamtaafi akkamtaan funaaname walqixa xiinxaluun bakka barbaachisaa tahetti walbiratti fiduun akka wal utuban taasisuun dhiyeessuuf gargaara (Creswell, 2012). Fakiin asii gadii saxaxa walfaanaa qorannichi ittiin xiinxalame mul'isa.

**Fakkii 2: saxaxa makaa walfaanaa**




Madda: (Creswell, 2012, f.541)

**Bakka Qorannichaa**

Qorannoon kun bakki itti geggeeffame yunivarsiitiiwwan Itoophiyaa keessaa kanneen Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu qaban: yunivarsiitii Finfinnee, Yunivarsiitii Haramaayaafi yunivarsiitii Madda Walabuuti. Yunivarsiitiiwwan filataman kunneen mala miti carraa keessaa akkayyootti dhimma bahuun ture.

**Iddattoota Qorannichaa**

Iddattoonni qorannichaa barattoota idilee bara 2019/20 A.L.A yunivarsiitiiwwan filataman keessatti sadarkaa digirii jalqabaa (BA) Afaan Oromoofi Ogbarruu waggaa 2ffaafi 3ffaa barataa jiran ture. Haaluma kanaan, barattoota 200fi barsiisota koorsii asoosama Oromoo barsiisaa jiran 4 kallattiin iddattoo qorannichaati. Isaanis, mala ammargeetti gargaaramuun hirmaachifamaniiru.

**Meeshaalee funaansa Ragaa**: qorannichi meeshaalee funaansa ragaa bargaaffii, daawwannaa dareefi afgaaffiin funaaname. Akkaataan qophii baragaaffii haala amansiisaa tahe hordofuudhaan yoo ta'u, innis (Rensis Five Likert scales (1932) fayyadamuun ture. Daawwannaan qabxiilee daawwannaa qopheessuun daree barnoota asoosamaa seenuun ragaan funaanameera. Adeemsa Xiinxala Ragaa: qorannichichaaf adeemsa xiinxala ragaa hammamtaafi akkamtaatti dhimma bahame. Ragaalee meeshaa funaansa ragaa hammamtaan funaanam mala xiinxala ragaa ibsaa (descriptive statistical analysis, SPSS Version 21) dhimma bahuun xiinxalame. Ragaan afgaaffii mala qaaccessa dimshaashessuufi koodessuu Punch (2014) yayyabetti dhimma bahuun qaacceffame.

**Qo'annoo Paayleetii**: Qo'annoon paayleetii barattoota yunivarsiitii Wallaggaa, Jimmaafi Arsii 190fi barsiisota asoosamaa 4 irraa ragaalee funaanuun geggeeffamee jira. Amanamummaafi dhugummaa meeshaa funaansa ragaalee mirkaneessuuf tooftaa/mala safara amanamummaa bargaaffii- Cronbach's Alpha (α)-tti dhimma bahamee jira. Haaluma kanaan, amanamummaan bargaaffilee hundaa 0.86 tahee argame. Qo'annoo paayleetiifi qorannoo goorootiif bargaaffiin qophaa'e amanamummaan isaa walduraa duubaan 0.86fi 0.87 tahee argame. Kun immoo, tokkoo tokkoo gaaffilee qophaa'anii gidduu walitti-dhufeenyi keessoo jiraachuu mirkaneessa.

**Xiinxalaafi Argannoo Haala Dhiyaatina Asoosamaafi Gochaalee**

**Gabatee 1: Haala dhiyaanna odeeffannoofi gochaalee jalatti qindaa'uu qaban**

| **Gaaffiwwan** | N | Mean | Std. Deviation | N | Mean | Std. Deviation |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. Waa'ee barruu dubbifne tokkoo odeeffannoo argachuuf gaafachuu | 200 | 2.03 | .899 | 200 | 2.02 | .802 |
| 2. Qabiyyee barruu dareef ibsuu | 200 | 1.73 | .776 | 200 | 1.98 | .783 |
| 3. Barruu dubbisne gaaffileen mirkaneessuu | 200 | 1.76 | .767 | 200 | 2.12 | .911 |
| 4. Muuxannoo irratti hundaa'uun barruu akka hubannu gargaaruu | 200 | 1.85 | .755 | 200 | 1.77 | .855 |
| N | 200 | | | 200 | | |
| | Gmv = 1.84 | | | Gmv = 1.97 | | |

Gabatee 1 armaan olii keessatti gaaffileen dhiyaatan mala dhiyaatinaa odeeffannoo bu'uureffate wayita gargaaraman barsiisonni dalagaalee raawwachuu qaban faana walqabatu. Barruu barattoonni dubbisan beekuuf barattoota irraa barsiisonni odeeffannoo fudhatan miiniitiin (2.03) yoo ta'an gochaalee qindaa'uu qaban qindeessanii barsiisonni dareetti dhiyeessan immoo (2.02) ta'uu xiinxalli armaan olii agarsiisee jira. Dabalataan, barsiisonni qabiyyee barruu tokkoo dareef ibsan (1.73) yoo ta'an, as jalatti gochaalee adda addaa kanneen qindeessan (1.98). Itti fufuun, barruu barattooni dubbisan irratti hundaa'uun beekumsa barattootaa hubachuuf barsiisonni gaaffii gaafatan miiniitiin (1.76) yoo ta'an, gochaalee adda addaa qindeessuun kan dimma barruu tokkoo barattoota hubachiisan (2.12) ta'ee argame. Barsiisonni akka barattoonni muuxannoo duraan qaban irratti hundaa'anii barruu dubbisan hubatan taasisan (1.85). Walumaa galatti barsiisonni haala dhiyaatina odeeffannoo gargaaramaniifi gochaalee adda addaa qindeessuun daree keessatti barattoota faana hojjetan Gmv (1. 8)fi (1.97) ta'ee argame. Xiixala dhiyaate kana irraa waanti hubatamu, barsiisonni mala dhiyaatinaa odeeffannoo bu'uureffate madaqsanii ga'umsaan dhimma itti bahuufi gochaalee adda addaa haala dhiyaannaa kana jalatti qindaa'uu qaban qindeessuu irratti laafoo ta'uu namatti agarsiisa.

**Gabatee 2: Haala dhiyaatina deebii dhuunfaafi gochaalee jalatti qindaa'uu qaba**

| Gaaffiwwan | N | Mean | Std. Deviation | N | Mean | Std. Deviation |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 5. Barattoonni ergaa/dhaamsa barruu dubbisanii muuxannoo ofii faana akka walitti fidan nu jajjabeessuu | 200 | 1.95 | .852 | 200 | 1.60 | .784 |
| 6. Barattoonni odeeffannoo barruu dubbisanii akka kenninu nutaasisuu | 200 | 1.75 | .742 | 200 | 1.57 | .812 |
| 7. Barattoonni dhimmoota barruu keessaarratti keessoo ofii akka ibsan jajjabeessuu | 200 | 1.60 | .709 | 200 | 1.77 | .855 |
| | | | | 200 | 1.80 | .857 |
| N | 200 | | | 200 | | |
| | Gmv = 1.76 | | | Gmv = 1.70 | | |

Gaaffileen 5-7 gabatee 2 armaan olii keessatti dhiyaatan haala dhiyaatina asoosamaa deebii dhuunfaa jedhamu faana walqabatu. Barsiisonni asoosamaa haala dhiyaatinaa deebii dhuunfaa kana madaqsuun gochaalee qindaa'uu qaban hagam akka qindeessan xiinxalamee jira. Haaluma kanaan, barattoonni ergaa barruu dubbisanii muuxannoo isaanii faana akka walitti fidan barsiisonni jajjabeessan miiniitiin (1.95) yoo ta'an gochaalee adda addaa kanneen qindeessaniif (1.60) ta'u. Dabalataan, barattoonni odeeffannoo barruu asoosama dubbisanii tokko akka kennan kan taasisan barsiisota (1.75)fi gochaalee kanaaf gargaaran barsiisonni qindeessanii daree keessatti dhimma bahan (1.57) qofa akka ta'an ragaa xiinxalame ni agarsiisa. Gaaffiin 7ffaa, barattoonni dhimmoota barruu keessaa hubatan dhageettii keessoo isaaniitiin yookiin akka hubatanitti akka ibsan barsiisonni jajjabeessan (1.6) yoo tahu, gochaalee qindaa'uu qaban barsiisonni qindeessan immoo, (1.77)fi (1.80) tahee argame. Haala dhiyaatinaa deebii dhuunfaa barsiisonni daree barnootaa asoosamaa keessatti dhimma ba'aniifi gochaalee raawwachuu qaban (qabiyyee barnootaa) dhiyeessan Gmv (1.76) fi Gmv (1.70) tahuu xiinxala gabatee 2 keessatti dhiyaate irraa arguun danda'amee jira. Argannoowwan kana irraa wanti hubatamu, haala dhiyaatinaa deebii dhuunfaa gargaaramuufi gochaalee adda addaa qindaa'uu qaban qindeessuu irratti barsiisonni asoosamaa laafoo ta'uu isaaniiti.

**Gabatee 3: Haala dhiyaatina afaaniifi gochaalee afaanii jalatti qindaa'uu qaban**

| Gaaffiwwan | N | Mean | Std. Deviation | N | Mean | Std. Deviation |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 8. Barattoonni yaada dhuunfaa isaanii barruu dubbisan irratti akka ibsan ni qajeelchuu | 200 | 1.61 | .762 | 200 | 1.41 | .611 |
| 9. Shaakaloota afaanii ogbarricha keessaa karoorsuun xiyyeeffannoo kennuu | 200 | 1.52 | .649 | 200 | 1.61 | .600 |
| 10. Barattoonni hiika barruu hubachuuf si'aa'inaan akka hirmaatan ni jajjabeessuu | 200 | 1.66 | .699 | 200 | 1.38 | .653 |
| 11. Hiika barruu hubachuuf barattoonni gareen akka mari'atan ni qajeelchuu/jajjabeessuu | 200 | 1.86 | .870 | 200 | 1.57 | .733 |
| 12. Barricharratti hundaa'uun shaakala afaanii maddisiisuun nugargaaruu | 200 | 1.94 | .866 | 200 | 1.44 | .606 |
| N | 200 | | | 200 | | |
| | Gmv = 1.71 | | | Gmv = 1.48 | | |

Gaaffileen 8-12 gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaatan haala dhiyaannaa barnoota asoosamaa afaan bu'uureffateefi gochaalee afaanii faana walqabatu. Haala dhiyaatinaa afaan bu'uureffate keessatti gochaalee barsiisonni raawwachuu qabantu jiru. Haaluma kanaan, barsiisonni akka barattoonni yaada dhuunfaa barruu asoosamaa dubbisan irratti ibsaniif jajjabeessan (1.61) yoota'an, gochaalee adda adda addaa kanneen qindeessan immoo (1.41) qofa ta'u. Barruu barattoonni dubbisan keessaa shaakaloota afaan irratti hundaa'an barsiisonni karoorsuun barsiisan (1.52) yoo ta'an, kanneen gochaalee akkanaa qindeessanii daree seenan (1.61) akka ta'an arguun danda'amee jira. Dabalataan, barattoonni hiika barruu asoosamaa dubbisan akka hubataniif daree keessatti gochaalee adda addaa barsiisonni shaakalsiisan walduraa duubaan (1.66)fi (1.38) ta'anii argaman. Itti aansuun, barsiisonni akka barattoonni hiika barruu dubbisanii hubataniif gareen akka mari'atan taasisuudhaan gochaalee adda addaa kan qindeessaniif (1.86)fi (1.57) yoo ta'an, barsiisonni shaakala afaanii bal'inaan barattoota ofiitiif qopheessuun shaakaloota afaan cimsan shaakalsiisan miiniitiin (1.94) akka ta'an xiinxala gabatee 3 keessatti dhiyaate irraa arguun danda'amee jira. Walumaa galatti, haala dhiyaatina afaanii gargaaramuun barsiisonni gochaalee adda addaa beekumsa afaanii barattootaa cimsan qindeessan Gmv (1.71)fi (1.48) ta'anii argaman. Kanarraa wanti hubannu, barsiisonni haala dhiyaannaa afaan bu'uureffate madaqsuun gochaalee beekumsa afaanii barattootaa cimsan qindeessuun isaanii gadi aanaa ta'uu isaanii nama hubachiisa.

**Gabatee 4: Haala dhiyaatina yaada ofiin ibsuufi gochaalee jalatti qindaa'uu qaban**

| Gaaffiwwan | N | Mean | Std. De | N | Mean | Std. Deviation |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 13. Hubannoo barattootaa cimsuuf ijoo barruu irra-deebiin nutti himu | 200 | 1.59 | .791 | 200 | 1.40 | .672 |
| 14. Seenaa barruu tokkoo ibsitoota salphaafi ifa ta'an gargaaramuun barattootaaf ni ibsu | 200 | 2.08 | .984 | 200 | 2.09 | .846 |
| 15. Dhimma barruu keessatti barreessaan jedhe irratti nu mari'achiisu | 200 | 2.04 | .867 | 200 | 1.88 | .820 |
| 16. Barattoonni sabseena barruu akka himan gochuu | 200 | 1.76 | .689 | 200 | 1.92 | .873 |
| 17. Walitti-dhufeenya hiika qabeessa ta'e barruufi ofii, barruufi barruu biroo, barruufi addunyaa dhugaa ibsuu akka dandeenyu nu jajjabeessuu | 200 | 1.62 | .774 | 200 | 1.89 | .881 |
| 18. Barruu tokko dhuunfaan dubbisuufi hiika itti kennuu akka dandeenyu nu jajjabeessuu | 200 | 1.83 | .919 | 200 | 1.94 | .889 |
| N | 200 | | | 200 | | |
| | Gmv = 1.82 | | | Gmv = 1.85 | | |

Gabatee 4 armaan olii keessatti gaaffileen dhiyaatan haala dhiyaatinaa yaada ofiin ibsuufi gochaalee daree keessatti barsiisonni asoosamaa qindeessuu qabantu xiinxalame. Haaluma kanaan, gochaalee barsiisonni daree asoosamaa keessatti raawwachuu qaban keessaa tokko ijoo barruu tokkoo irra-deebi'uun barattootatti himuun hubannoo barattootaa dagaagsuudha. Gochaa kana barsiisonni daree keessatti raawwatan miiniitiin (1.59)fi (1.40) qofa. Gochi biroon barsiisonni dalaguu qaban seenaa barruu tokko keessatti qindaa'e, ibsitoota sasalphaafi ifa ta'an gargaaramuun barattootaaf dhiyeessuudha. Barsiisonni gocha kana daree barnoota asoosamaa keessatti raawwatan miiniitiin (2.08)fi (1.09). gama biraan, dhimma barruu keessatti barreessaan dhiyeesse barsiisaan barattoota mari'achiisu (2.04) yoota'an, barsiisonni gochaalee kana faana walqabatan qindeessan immoo (1.88) ta'anii aragaman. Dabalataan, barattoonni sabseenaa barruu dubbisanii tokko dareef akka seenessan yookiin himan barsiisoonni jajjabeessan (1.76) yoota'an, gochaalee yaada kana jalatti qindaa'uu qaban kanneen qindeessan garuu (1.92). Itti aansuun, barsiisonni akka barattoonni walitti-dhufeenya hiika qabeessa ta'e barruufi ofii isaanii, barruufi barruu biroo, akkasumas barruufi addunyaa dhugaa ibsuu akka danda'an jajjabeessan (1.62)fi kanneen gochaalee adda addaa qindeessan (1.89) ta'anii argaman. Dhuma irratti, barattoonni barruu tokko dhuunfaan dubbisanii hiika akka itti kennan taasisuudha. Barsiisonni gocha kana raawwatan (1.83)fi (1.94) akka tahe xiinxala gabatee 4 keessatti dhiyaate irraa arguun danda'amee jira. Walumaa galatti, haala dhiyaatinaa yaada ofiin ibsuu jedhu kana barsiisonni madaqsanii daree

barnoota asoosama dhangala'aa keessatti dhimma itti bahaa jiraniifi gochaalee adda addaa qindeessuun barattoota faana hojjetan Gmv (1.82)fi Gmv (1.85) ta'ee argame. Akka xiinxala kanarraa hubatamutti, barsiisonni koorsichaa haala dhiyaatinaa yaada ofiin ibsuufi gochaalee qindeessuun daree asoosamaa keessatti gargaaramuun isaanii gadi aanaa tahuu agarsiisa.

**Gabatee 5: Haala dhiyaatinaa falaasama hamileefi gochaalee jalatti qindaa'uu qaban**

| Gaaffiwwan | N | Mean | Std. Deviation | N | Mean | Std. Deviation |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 19. Sonaalee barannoo guyyaatti dabaluu | 200 | 2.02 | .862 | 200 | 1.85 | .861 |
| 20. Sonaalee barruu keessa jiran hubachiisuu | 200 | 1.94 | .771 | 200 | 1.86 | .902 |
| 21. Barattoonni sonawwan barruu keessa jiran akka barbaadan nijajjabeessu | 200 | 1.44 | .606 | 200 | 1.77 | .843 |
| 22. Sonawwan barruu keessaa irratti barattoota nidadammaqsu | 200 | 1.76 | .754 | 200 | 1.80 | .862 |
| Valid N (listwise) | 200 | | | 200 | | |
| | Gmv = 1.79 | | | Gmv = 1.82 | | |

Gabatee 5 armaan olii keessatti gaaffileen dhiyaatan haala dhiyaatina asoosamaa duudhaalee hawaasaa bu'uureffate faana walqabata. Haaluma kanaan, sonaalee hawaasaa barruu barattoonni dubbisan keessaa barannoo guyyaatti barsiisonni dabalanii barsiisaniifi gochaalee adda addaa sonaalee hawaasaa barsiisan kanneen qindeessan miiniitiin (2.02) fi (1.85) ta'anii argaman. Haaluma walfakkaatuun, sonaalee barruu keessa jiran barattoonni akka hubataniif barsiisonni tattaafatan immoo, (1.94)fi (1.86) ta'ee argame. Dabalataan, barsiisonni barruu dubbisan keessaa sonaalee hawaasaa barattoota barbaachisaniifi gochaalee kanaaf gargaaran shaakalsiisan (1.44) fi (1.77). Qabxiin biroo, sonaalee barricha keessaa bahan irratti barattoonni dammaqinaan akka mari'atan taasisuudha. Isa kana barsiisonni taasisan immoo barsiisota (1.76) fi (1.80) akka xiinxala armaan olii irraa arguun danda'amee jira. Akka waliigalaatti, barsiisonni asoosamaa dhiyeessa ogbarruu duudhaalee hawaasaa bu'uureffate gargaaramuun daree barnootaa keessatti gochaalee dhiyaachuu qaban dhiyeessan Gmv (1.79) fi (1.82) ta'uu ragaan xiinxalame ni agarsiisa. Argannoon kun kan mul'isu, barsiisonni barnoota asoosamaa haala dhiyeessa falaasama hamilee gargaaramuun gochaalee adda addaa qindeessuu irratti laafoo ta'uu isaanii mul'isa.

**Gabatee 6: Haala dhiyaatina akkaatummaafi gochaalee jalatti qindaa'uu qaban**

| Gaaffiwwan | N | Mean | Std. Deviation | N | Mean | Std. Deviation |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 23. Barattoonni afaan barreessaan barruu keessatti gargaarame hubatanii hiika barruu akka kennan qajeelchuu | 200 | 1.53 | .722 | 200 | 1.78 | .834 |
| 24. Barattoonni qabiyyeewwan xinqooqaa hubatan akka agarsiisan jajjabeessuu | 200 | 1.67 | .718 | 200 | 1.79 | .856 |
| 25. Barannoonni afaan barruutti gargaaramuu, akkasumas hubannoo afaanii jajjabeessuu | 200 | 1.84 | .740 | 200 | 1.58 | .766 |
| 26. Barattoonni hiika kallattii barruutiin ala darbanii akka mari'atan nijajjabeessu | 200 | 2.03 | .733 | 200 | 1.80 | .885 |
| Valid N (listwise) | 200 | | | 200 | | |
| | Gmv = 1.76 | | | Gmv = 1.73 | | |

Gabatee 6 armaan olii keessatti gaaffileen dhiyaatan mala dhiyaatinaa akkaatummaa keessatti gochaalee daree barnootaa keessatti barsiisonniifi barattoonni raawwachuu qaban faana walqabatu. Haaluma kanaan, barsiisonni barattoota afaan barreessaan barruu dubbisan tokko keessatti dhimma itti bahe gargaaramanii hiika barruu akka kennan taasisan (1.53)fi (1.78). Haaluma walfakkaatuun, barattoonni qabiyyeewwan xiinqooqaa barruu dubbisan keessaa akka agarsiisan barsiisonni taasisa (1.67)fi gochaalee caasluugaa barruu keessaa kanneen qindeessan (1.79) ta'uu arguun danda'amee jira. Itti fufee, barannoo ogbarruu afaan barruu fakkeessuun dhiyeessuufi hubannoo afaanii barattootaa kanneen jajjabeessan (1.84)fi barsiisonni gochaalee qindaa'uu qaban qindeessan (1.58). Dabalataan, barsiisonni mala akkaatummaa kana madaqsanii gargaaraman akka barattoonni hiika kallattii barruu asoosama dubbisanii ala darbanii yaadan taasisuufi. Barsiisonni gocha kana kallattiin hojiirra oolchaa jiran (2.03)fi (1.80) akka tahan ragaan xiinxalame agarsiisee jira. Walumaa galatti, haala dhiyaatinaa akkaatummaa barsiisonni madaqsanii dhimma itti bahaa jiran Gmv (1.76) yoota'an, gochaalee raawwatamuu qaban barsiisonni raawwatan (1.80) ta'ee argame. Argannoon waliigalaa kun immoo, barsiisonni mala dhiyaatinaa akkaatummaa madaqsanii gargaaramaniifi gochaalee akkaatummaa cimsan qindeessuun beekumsa barattoonni argachuu malan hanqisuu agarsiisa.

**Gabatee 7: Cuunfaa xiinxalaafi argannoo haala dhiyaatinaafi gochaalee asoosamaa**

| Haala dhiyaatina asoosamaa | | Gochaalee daree keessatti qindaa'an | |
|---|---|---|---|
| 1. Haala dhiyaatinaa odeeffannoo | 1.84 | Gochaalee odeeffannoo | 1.97 |
| 2. Haala dhiyaatinaa deebii dhuunfaa | 1.76 | Gochaalee deebii dhuunfaa | 1.70 |
| 3. Haala dhiyaatinaa afaan bu'uureffate | 1.71 | Gochaalee afaanii | 1.48 |
| 4. Haala dhiyaatinaa yaada ofiin ibsuu | 1.82 | Gochaalee yaada ofiin ibsuu | 1.97 |
| 5. Haala dhiyaatinaa falaasama hamilee | 1.54 | Gochaalee falaasama hamilee | 1.82 |
| 6. Haala dhiyaatinaa akkaatummaa | 1.76 | Gochaalee akkaatummaa | 1.73 |
| | GMV 1.73 | | GMV 1.79 |

Gabatee 7 armaan olii keessatti cuunfaa maloota barsiisa asoosamaafi gochaalee daree barnoota asoosamaa keessatti hojiirra ooluu qabantu Gmv isaanii walcinaatti dhiyaate. Xiinxalli isaanii gabateewwan duraa (1-6) jalatti dhiyaatee jira.

Dhimma kana irratti odeeffannoo dabalataa argachuufi ragaa qabatamaa yookiin cimaa taasisuuf, daawwannaa dareefi afgaaffii barsiisotaan odeeffannoon funaanamee jira. Haaluma kanaanis Ragaan dawwannaa dareetiin argame xiinxalamee Gmv (1.40) ta'ee argame. Kunis kan agarsiisu, barsiisonni dhiyaatina ogbarruu adda addaa madaqsanii koorsii asoosamaa ittiin barsiisuu irrattis tahe, gochaalee haala dhiyaannaa kanneen jalatti qindaa'uu qaban qindeessanii hojiirra oolchuun isaanii gadi aanaa tahuu namatti mul'isa. Dabalataan, mala dhiyaatina ogbarruu keessaa barsiisonni isa kamfaa akka madaqsanii gargaaramaniifi gochaalee qindeessuufi dhiisuu isaanii addaan baasuuf afgaaffii barsiisotaan ragaan funaanameera. Xiinxalli ragaa afgaaffii barsiisotaa akka mul'isetti, barsiisonni maloota baruu-barsiisuu muujula keessatti tarreeffame gargaaramuu malee kamtuu koorsii asoosamaaf akka mijatu irratti hubannoo hinqabani. Maloonni gargaaraman: waliin hojjechuu, dhuunfaan hojjechuu, marii garee kutaa keessaa, mala dhiyeessaa, mala odibsaa faa'aa akka ta'e ibsu. Garuu, malootni kunniin kan ogbarruu ta'uufi dhiisuu akka hinbeekne himan *(OKX-01, OKX-02, OKX-03).* Argannoowwan armaan oliirraa waanti hubatamu, ragaan bargaaffii barattootaa, daawwannaa dareefi afgaaffii barsiisotaa irraa argame xiinxalli isaa walitti dhiyeenya qabaachuu isaati. Kunis, barsiisonni maloota dhiyeessa barnoota asoosamaaf mijatu madaqsanii gargaaramuun isaanii laafaa ta'uudha. Kun immoo kan agarsiisu, barsiisonni gutummaa guutuutti kan ogbarruu barsiisuuf leenji'an akka hintaanedha. Ogbarruun Oromoo barsiisota Ogummaa ogbarruu qabaniin barsiifamaa hinjiru. Kanarraa kan ka'es, haala dhiyaatinaa mijaa'aa tahe gargaaramuun barattoota gara beekumsa ogbarruu olaanaatti ceesisuun laafaa akka tahe hubachuun danda'amee jira.

**Tooftaalee Madaalii Koorsii Asoosamaa**

Gabatee armaan gadii keessatti, tooftaalee madaallii barsiisonni koorsii asoosamaaf dhimma itti ba'antu dhiyaate. Tooftaaleen madaallii dhiyaatan kunniin koorsii asoosamaa ittiin madaaluun beekumsa barattootaa ittiin addaan baasuuf kan ga'umsa qabaniifi hayyoonni ittiin milkaa'anirraa madaqsuun dhiyaatan.

**Gabatee 8: Xiinxalaafi argannoo tooftaalee madaallii asoosamaa dhangala'aa**

| Gaaffiwwan | N | Mean | Std. Deviation |
|---|---|---|---|
| 1. Asoosama gabaabaa dubbisiissufi sabseenaa barreessisiisuu | 200 | 1.75 | .813 |
| 2. Akkaataa seenaan asoosama tokkoo ittiin goolabamerratti falmii qopheessuu | 200 | 1.79 | .795 |
| 3. Dhiyeessa gaggabaabaa caacculee asoosamaa dhiyeessisiisuu | 200 | 1.79 | .877 |
| 4. Asoosama dheeraa keessaa hafee kennuun yaada itti kennisiisuu | 200 | 1.84 | .876 |
| 5. Abbaltii yeroo dheeraatiin asoosama qeeqsisiisuu | 200 | 1.87 | .955 |
| N | 200 | | |

Gmv = 1.80

Gabatee 9 armaan olii keessatti akkuma argamutti, tooftaa madaallii asoosama gabaabaa dubbisiisuun seenaa akka gabaasan gochuu barsiisonni gargaaraman (1.75). Barsiisonni akkaataa seenaan asoosama tokkoo ittiin goolabame irratti barattoonni falmii akka geggeessan gochuun beekumsa isaanii madaalan (1.79) akka ta'an ragaan xiinxalame agarsiiseera. Tooftaan madaallii asoosamaa inni biroon, barattoota dhiyeessa gaggabaabaa adda addaa caacculee asoosamaa irratti akka dhiyeessan taasisuudha. Barsiisonni tooftaa kana gargaaramuun beekumsa barattootaa ittiin adda baasan miiniitiin (1.79) qofa akka ta'e arguun danda'ameera. Dabalataan, tooftaan madaallii biroon asoosama dheeraa keessaa hafee barattootaaf kennuun akka yaada hubatan ibsan yookiin barreessuun taasisuudha. Barsiisonni asoosamaa tooftaa kana gargaaramuun barattoota ofii madaalan (1.84) akka ta'e arguun danda'ameera. Tooftaan madaallii asoosamaa inni biroo abbaltii yeroo dheeraa barattootaaf kennuun asoosama dubbisanii qeeqa dhiyeessan taasisuun akka tahe dhiyaateera. Barsiisonni tooftaa kana gargaaramanii beekumsa barattootaa gara sadarkaa beekumsa xiinxalaatti ce'uufi dhiisuu madaalan (1.87) akka ta'an xiixala gabatee 9 keessatti dhiyaaterraa arguun danda'amee jira. Tooftaalee madaallii asoosamaaf mijatuufi hayyoonni irratti waliigalan kanniin barsiisonni asoosama Oromoo beekumsa barattoota isaanii ittiin madaaluuf gargaaraman Gmv (1.80) ta'ee argame. Argannoon kun immoo, barsiisonni asoosamaa tooftaalee madaallii koorsii asoosamaaf mijataa ta'aniifi beekumsa barattootaa ittiin addaan baasuuf tolu

gargaaramuu irratti laafoo ta'uu mirkaneessa. Xiinxala armaan olii kun kan agarsiisu, barsiisonni tooftaalee madaallii isaan koorsii asoosamaaf gargaaraman kan muujula keessa taa'e qofaa ta'uu isaati. Kun immoo, barsiisonni akkaataa amala koorsii barsiisaniitiin tooftaalee madaallii mijataa ta'e, madaqsanii gargaaramuu irratti laafoo ta'uu namatti agarsiisa.

## Ibsa Qorannichaa (Discussions)

Kayyoon gooroo qorannoo kanaa dhiyaatina barsiisa asoosamaa dhangala'aa Oromoo yunivarsiitiiwwan Itoophiyaa filataman keessatti shaakala jiru qabatamaan hojiirratti xiinxaluudha. Haaluma kanaan, gaaffiileen bu'uuraa 1ffaafi 2ffaan barsiisonni haala dhiyaatina koorsii asoosamaafi gochaalee (activities) daree asoosamaatti dhiyaachuu qaban hagam qindeessanii qabatamaan hojiirra oolchaa akka jiran addaan baasuu faana walqabate. Ragaan funaaname xiinxalamee akka mul'isetti, barsiisonni haala dhiyeessa barnootaa ogbarruuf mijatu madaqsanii daree barnoota asoosama dhangala'aaf gargaaraman Gmv (1.73) yoo ta'an, barsiisonni gochaalee daree asoosamaa keessatti dhiyaachuu qabaniifi haalota dhiyaatinaa adda addaa jalatti qindaa'uu qaban qindeeffatanii hojiirra oolchaa jiran Gmv (1.79) ta'ee argame. Odeeffannoon daawwannaa dareetiin argame xiinxalamee Gmv (1.4) agarsiise. Dabalataan, ragaan afgaaffii barsiisotaan argame akka agarsiisetti, barsiisonni hunduu haala dhiyaatina ogbarruu adda addaa irratti hubannoo kan hinqabneefi mala silabasii keessatti qindaa'e qofa irratti goguun barnoota kennaa jiraachuu himan *(OKX-01, OKX-02, OKX-03, OKX-04)*.

Argannoon kunneen yaada Beach fi kannen biroo (2011) barreessan waliin faallaadha. Akka hayyoonni kun barreessanitti, barsiisaan beekumsaafi barattoota walitti fida. Adeemsi walitti hidhannaa akkasii barsiisaan barnootaaf akka haala mijeessu, barattoonni akka ofdanda'anii barachuu guddifatan isaan gochuuf carraafi aangoo kennaafi. Barattoonni barruu hojii kalaqaa tokko dubbisanii akka dinqisiifatan, dandeettii gadi-fageessanii yaaduu akka horatan, kalaquu akka danda'an, yaada isaanii ibsachuuf ofitti amanamummaa akka horatan barsiisonni ogbarruu malootaafi haala dhiyaatinaa ogbarruu adda addaa madaqsuun daree barnootaa keessatti qabatamaan gargaaramuu qabu.

Dabalataan, Purves (2009) akka barreessetti, barsiisaan adeemsa barnootaa keessatti abbaa adeemsaati. Waanti hunduu isaan naanna'a. Barattoonni akka mari'atan, yaadan, seenessa dubbisan akka irra deebi'anii himan kakaasuu qaba. Gochaalee adda addaa qopheessuun barnoota qabatamaa taasisuu qaba. Seenessa dubbisan bifa tiyaatiraan, akkeessuudhaan, agarsiisuufi asoosama dhangala'aa karaalee adda addaa gocha kalaqaa itti dabalanii daree keessatti agarsiisaa akka baratan gochuu qaba. Barattoonni barruu kalaqaa dubbisan irraa beekumsa gadifageenyaan xiinxaluufi dinqisiifachuu akka horatan guddisuudha.

Argannoo qorannichaa irraa wanti hubatamu, barsiisonni mala dhiyeessa barnoota asoosama dhangala'aa Oromoo ittiin barsiisuuf mijatu madaqsuufi gochaalee daree barnoota asoosamaa keessatti dhiyaachuu qaban qindeessuu irratti laafoo ta'uu isaanii hubachuun danda'amee jira. Kana irraa waanti hubatamu, barsiisonni koorsii asoosamaa barsiisan hunduu barsiisota afaanii malee barsiisota ogbarruu barsiisuuf leenji'an akka hintaane hubachuun danda'ameera. Kun immoo, kaayyoon barnoota asoosamaa galma barbaadame hanqachuufi barattoonnis beekumsawwan ogbarruu olaanaa kanneen akka

gadifaneenyaan yaaduu, xiinxaluu, barreessitoota cimoo tahuufi qeeqxota cimoo tahuutti isaan geessu horachuu kan isaan hanqisu akka tahe nama hubachiisa.

Gaaffiin bu'uuraa qorannichaa sadaffaan, tooftaalee madaallii barsiisonni koorsii asoosamaa gargaaramanii beekumsa barattootaa ittiin madaalan hagam amala koorsichaa faana akka deemu addaan baasuudha. Tooftaalee madaallii garaagaraa koorsii asoosamaaf mijatu gargaaramuun beekumsa barattootaa madaaluuf barsiisonni gargaaraman Gmv (1.8) ta'uu ragaan xiinxalame ni agarsiisa. Ragaan kun akka mul'isutti, tooftaaleen madaallii barsiisonni gargaaramanii beekumsa barattootaa addaan baasan barattootaafis ta'e koorsichaaf mijataa ta'uu dhabuudha. Argannoon qorannichaa yaada Beachifi kanneen biroo (2011) dhimma kanarratti barreessaniin faallaadha. Akka yaada isaaniitti, beekumsa barattoota keenyaa yeroo yeroon madaaluun jijjiirama isaan agarsiisan addaan baasaa deemuun murteessaadha. Barnoonnifi madaalliin barattoota keenyaaf kenninu kan waltahe ta'uu qaba. Ogbarruun barattoonni akka gadi-fageenyaan dubbisaniifi yaadan, barreessitoota cimoo akka ta'an, dubbistoota qaxalee akka ta'an, qeeqxotaafi dinqisiifattoota hojiilee ogbrruu akka ta'an taasisa. Madaalliin barattootaaf kennamus, kan qabxiilee ijoo kanneen madaaluuf karoorfame ta'uu qaba. Argannoo kana irraa waanti hubatamu, tooftaalee madaallii barsiisonni gargaaramanii beekumsa barattootaa ittiin adda baasan kan koorsichaaf mijatu ta'uu dhabuudha. Kun immoo, kaayyoon barnootichaa haala barbaadameen galma ga'aa akka hinjirre namatti mul'isa.

**Goolaba**

Kaayyoon qorannoo kanaa haala dhiyaatinaa asoosama dhangala'aa Oromoo xiinxaluudha. Haaluma kanaan, shaakala barsiisa koorsii asoosama dhangala'aafi tooftaalee madaallii yunivarsiitiiwwan Itoophiyaa filataman keessatti kallattiin hojii irratti ilaaluun danda'amee jira. Ragaa argame xiinxaluun argannoon qorannichaa akka mul'isetti, barsiisonni haala dhiyaatina ogbarruu adda addaa madaqsuun koorsii asoosama dhangala'aa barsiisuun isaanii laafaa ta'ee argame. Dabalataanis, gochaalee adda addaa qindeessuun daree barnoota asoosama dhangala'aa Oromoo keessatti barattoota isaanii shaakalsiisuun gadi aanaadha. Tooftaalee madaallii adda addaa kaayyoofi amala koorsii asoosamaa faana deeman gargaaramanii beekumsa barattoota isaanii madaaluunis laafaadha. Haalota dhiyaatinaa adda addaa gargaaramuun gochaalee daree keessaa qindeessuun beekumsa ogbarruu barattootaa sadarkaa olaanaatti ceesisuuf gahee guddaa qaba (Beach fi kanneen biroo, 2011). Ragaan argameefi yaanni hayyoota kanaa faallaadha. Kun immoo kan agarsiisu, barsiisonni asoosama dhangala'aa Oromoo barsiisan hubannoo yookiin Ogummaa barsiisuu ogbarruu kan hinqabne tahuudha. Kanaaf, barattoota gadi-fageessanii yaadan, xiinxalan, barreessaniifi qeequu danda'an oomishuun kan danda'amu, barsiisa asoosama dhangala'aa Oromoo Ogummaan deggeruufi adeemsa baruu-barsiisuu ammayyeessaa deemuun dhimma ijooti

**Wabiilee**


Asafa Tafara. (2004). *Theorizing the Present towards a Sociology of Oromo Literature*: Jaarsoo_Waaqoo's Poetry. Addis Ababa: Branna P.E: Addis Ababa.

Beach, R., Appelman, D., Hynds, S., & Wilhelm, J. (2011). *Teaching literature to Adolescents.* (2nd edition) New York: Rutledge.

Carter, R. A. & Long, M.N. (1991*). Teaching Literature*. London: Longman.

Carter, R. (1996). *Look both ways before crossing: Developments in the language and Classroom.* London: Longman.

Carter, R. and McRae, J. (Eds.). *Language, literature and the learner.* London: Longman.

Collie, J., & Slater, S. (1990). *Literature in the Language Classroom*: A Resource Book of Ideas & Activities. Cambridge: CUP.

Creswell, J. W., & Plano Clark, V. L. (2012). *Designing & conducting mixed methods Research*. (2nd ed.). Thous & Oaks, CA: Sage.

Creswell, J. W. (2009). *Research design: Qualitative, quantitative, & mixed methods Approaches*. (3rd edition). Thous & Oaks, CA: Sage.

Digga, T. (1973). *A Short Biography of Onesimos Nesib: Oromo Bible Translator, Evangelist and Teacher*. Haile Selassie University. Addis Ababa.

Duff, A., & Maley, A. (1990). *Literature.* Oxford: Oxford University Press.

Feyisa Demie (1996). *Historical challenges in the development of the Oromo Language and some agenda for future research.* Journal of Oromo Studies, 3(1 and 2), 18-27.

Hirvela, A. (1996). Reader-response theory and ELT. ELT Journal, 50(2), 127–134. Oxford: Oxford University Press.

Lazar, G. (1993). Literature & Language Teaching. Cambridge: CUP.

Mekuria Bulcha (1994). The language policies of Ethiopian Regimes and the history of Written Afan Oromo: 1844-1994. Journal of Oromo Studies, 1(2), 91-116.

Mekuria Bulcha (1997). The Politics of Linguistic Homogenization in Ethiopia and The Conflict Over the Status of 'Afaan Oromo in African Affairs. 96(384) (July 1997).

Minstry of Education (2002). The Education & Training Policy & Its Implementation. Addis Ababa; MoE.

Mootummaa Yeroo Ce'umsaa Itoophiyaa (1983). Chaartarii Yeroo Ce'umsaa, Marii Ce'umsa Nagayaafi Dimokraatawaa. Finfinnee, Adoolessa 15, Bara 1983.

Punch, K.F. (2014). Introduction to Social Research: Quantitative and Qualitative Approach. Los Angles: SAGE Publication Ltd.

Rosli, T. (1995). Teaching literature in ESL the Malaysian context. Kuala Lumpur: Penerbit Universiti Pertanian Malaysia.

Skillings, M. J. (1995). Perspectives on the use of children's literature in reading instruction. In Teaching with children's books: Paths to literature-based instruction (pp. 10-21). Urbana, IL: National Council of Teachers of English.

The Oromia National Regional State Revised Constitution (2005). Megeleta Oromia, Proclamation No.94/2005, Finfinne.

UNESCO (2005). Education for All. The Quality Imperative. EFA Global Monitoring Report, Paris.